

**Haala Eeyyeentaa Ta’een Daa’imman  
Naamusa Barsiisuu**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa’immanii Maatii  
Ittiin Mariisisuuf Qophaa’e**

*Bara 2012*

## Dursa

Kitaabni kun biyya keenya keessatti haala akkamiin naamusa barsiisuun akka danda'amurratti hubannoo maatiifi barsiisotaa leenjiidhaan guddisuudhaaf yaadamee kan qophaa'edha.

Daa'imman dhaloota abdii boruuti. Haaluma kanaan, dirqama dhaalootaa isaanii gara fuulduraa miira na galcha jedhuun akka ba'uu danda'an gochuuf yoo barbaadame karaa danda'ame hundaan dursanii haala mijeesuun barbaachisadha. Argannoowwan qorannoo bara dheeraaf gaggeeffame akka agarsiisontti waggoota jalqabaarratti kunuunsi daa'immaniif godhamuufi xiyyeefannoон kennamu jirenya daa'imaan gara fuulduraa murteessuuf gaheen qabu baay'ee olaanaadha. Kunuunsa daa'immanii ilaalcisee gaheen maatiifi barsiisotaa iddo guddaa qabaata.

Biyya keenya keessatti haalli guddisa daa'immanii barsiifata dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeen ijoolleen akka hinbeelofneefi hindheebonne akkasumas akka itti hinqorrine gochuu malee guddina qaama, sammuu, xiinsamuufi hawaasummaa isaaniif xiyyeefannaan baay'ee itti hinkennamu. Ijolleef soorata kennuun, obasuufi akka itti hinqorrine gochuun kunuunsa barbaachisaa ta'ullee dhimmoonni xiyyeefannoон itti kennamuu qaban hedduun nijiru.

Dhimmi mirga ijollee kabajuu akkasumas ijollee seera barsiisuuf karaaleen itti fayyadamnu kanneen xiyyeefannoos oo hinargatiin turanidha. Daa'imman akkuma qaama hawaasa kamiyyuu abbaa mirgaa ta'uu isaanii hubachuu dhabuufi daa'imman yoo qunxuuxaman/adabaman malee seera hinbaratan ilaalchi jedhu hawaasa biratti bal'inaan hidda fageeffatee waan tureef, mirga daa'immanii kabajuurratti rakkowwan addaddaa nimul'atu. Fakkeenyaaaf, sochii daa'imman taasisan baay'ee daangeessuun, yommuu daa'imman amala namoota gurguddoo biratti hinbarbaachifne agarsiisan rukkutuun, adabuufi tarkaanfileen kana fakkaatan kan fudhataman daa'imman amala badaa fudhatanii akka hinguddanne ilaalcha jedhurraan kan ka'edha. Ilalcha dogoggoraan kanaanis daa'imman seera barsiisuuf tarkaanfiin fudhatamu daa'immanirratti miidhaa geessisaa turee jira.

Kaayyoon barreeffama kitaaba kanaas daa'imman seera barsiisuuf ilaalcita miidhaa geessan kanneen hawaasa biratti hidda gadi fageeffatanii turan jijiiruuf yaaliwwan taasifaman deeggaruu kan dadeessisu tooftadhee biroo dhiyeessuufidha. Kanaafuu, maatiin yookiin guddistoonni akkasumas barsiisonni barreeffama kitaaba kana keessa jiru fayyadamuun daa'imman karaa eeyyeentaa qabuun seera barsiisuu nidanda'u. Dhaabbanni 'School Readiness Initiative' kitaaba

kana akka ittiin barsiisuun tolutti qopheessuun fayyadamtootaaf dhiyeessuu isaaf gammachuun itti dhaga'ama.

Dr. Minilik Dastaa Argaww

Ogeessa yaala sammuufi hogganaa piroojektichaa

## **Qajeelfama Waliigalaa Leenjicha Ilaalchisee**

Kaayyoon leenjichaa dhuma leenjichaatti maatiin/guddistoonni daa'imman seera qabsiisuuf miidhaa mala hi'eentaa ta'eeifi faayidaa mala eyyeentaa ta'ee ilaalchisee maalummaafi garaagarummaa isaanii nihubatu.

## **Hirmaattota Leenjichaa**

Hirmaattota leenjichaa akka ta'aniif kanneen eegaman barsiisota, hojjattota dhaabbilee daa'imman kunuunsan keessa hojjatan akkasumas maatiifi guddistootaadha.

## **Marii Yeroo Darbee Keessa Deebi'uu**

Jalqaba leenjii hundaarratti hirmaattonni lama filatamuudhaan leenjii yeroo darbeerratti waan baratan yaada ijoo akka dubbatan leenjistootaan/mariistootaan nigaaafamu. Fakkeenyaaaf,

- Wantoonni nuti yeroo darbe irratti mariigoone maalfa'i?
- Dhimmoota yeroo darbe irratti mariyanne ilaalchisee mana keessanitti ijoolle keessan waliin maalfaa raawwattan? Rakkoon isin mudate jiraa?
- Barumsa yeroo darbee olla keessaniif quoddanii jirtuu?

## **Madaallii Leenjii Duraafi Leenjii Boodaa**

Gochawan leenjii yeroo darbee yaadachuuf taasifamu ilaalchisee leenjiin guyyaa itti aanuu osoo hineegaliin dura madaalliin leenjii duraa hirmaattotaaf nikennama. Beekumsa leenjicharraa argatan gamaggamuuf immoo dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti madaalliin leenjii boodaa nikennama.

## **Dambiiwwan Waliigalaa Leenjichaa**

Guyyaa jalqabaa leenjichaarratti seerota armaan gadii hirmaattooni akka beekan godhaa:

- teessumni leenjifamtootaa gamtokkee geengoo yoo ta'e akka filatamu beeksisuu.
- Hirmaattonniifi mariisistooni akka wal baran gochuu.
- yeroon argamuu
- yeroo leenjiitti mobaayila cufuu ykn sagalee balleessuu

- wayitii leenjii hundarrattuu argamuu
- dammaqinaan hirmaachuu
- yaada namoota biroo kabajuu
- guyyaa hundumaa jalqabarratti hirmaattota lama kanneen barnoota guyyaa darbe baratan ilaalchisee yaadachiisuun gabaasa dhiyeessuu danda'an filachuu, daqiqa 5 yeroo itti dhiyeessan murteessuu.
- Iddoo leenjichaa sirreessuu, guyyaa hunda jalqabarratti daqiqa kudhaniif qindeessitoonni leenjichaa iddo leenjii nimijeessu.

## **Meeshalee Barbaachisan**

- Sadarakaa umrii daa'imaan kan walsimu kitaabileeffi fakkiwwan seenaa yookiin oduu durii
- gabatee qulqulluu irratti barreessan /filip chaartii)
- maarkarii/boronqii
- kobbiifi dabtara yaadannoo
- barruulee garagaraa

## **Dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti leenjistoonni/mariisistoонни yaadannoo qabachuu qabu.**

Dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti mariistoonni waa'ee adeemsa marii yaadannoo qabachuutu irraa eegama. Qophii marchaaf taasisan keessatti yookiin adeemsa marii keessatti yaadota adda ta'aniif boqonnaa kana keessatti hammatamuu yookiin irra deebi'anii ilaalamuu qaban yaadannoo qabachuun barbaachisaadha.

Yaadonni bu'uuraa kunniin sanada kana gara fuulduraatti caalaatti gabbisuuf nigargaaru. Yaadannoowwan haala kanaan qabataman dhabbanni "School Readiness Initiative" biiroolee barnootaa, fayyaafi dhimma dubbatootaa, daa'immanifi dargaggoottaa waliin waltahuun leenjii leenjistootaa qopheessanirratti dhiyaachuun mariin yoo irratti gaggeeffame kitaaba leenjii fooyyessuufi guutuu taasisuuf baay'ee fayyadu.

Daa'imman haala eyyeentaa ta'een seera qabsiisuu

Leenjiin kun waa'ee daa'imman seera barsiisuu ilaalchisee odeeffannoo bu'uuraa niqabsiisa.

## Saantaa Raawwii

<i>Qabiyee</i>	<i>Mala baruu-barsiisuu</i>	<i>Yeroo</i>
Madaallii leenjii duraa	Waraqaa gaaffii raabsuu	Daqiqa 15
Kaayyoo leenjichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 2
Seera jechuun maal jechuudha?	Gaaffifi deebii, ibsa	Daqiqa 10
Maalummaa adabbii hubachuu	Gaaffifi deebii, ibsa	Daqiqa 10
Karaalee ijoollee seera itti qabsiisan	Gaaffifi deebii, ibsa	Daqiqa 15
Wantoota maatiin raawwachuu danda'an	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 10
Ergaawan ijoo ta'an	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaa gaaffii raabsuu	Daqiqa 15

## Kaayyoo Leenjichaa

Leenjii kana booda leenjifamtoonni:

- amala sirrii ta'eefi sirrii hintaane adda baasu.
- maloota ittiin naamusa karaa eeyyeenotaa ta'en qabsiisan nitarreessu.
- maalummaafi akaakuu adabbii adda baasu.
- rakkoo adabbiin dhaqqabsiisu niibsu.
- seerri maal jechuu akka ta'e nihubachiisu.
- maloota daa'imman ittiin naamusa barsiisan adda nibasu.
- Tooftaalee gadhee seera ittiin barsiisuuf himmijanne nihubatu.

### 1. Seera jechuun maal jechuudha?

#### Mariyachiisaa

Isin deebii osoo hinkenniin dura, ‘seera jechuun maal jechuudha? jechuun hirmaattota gaafadhaatii deebii isaanii gabateerratti barreessaa.

## **Hiika**

Seera jechuun amala hawaasummaafi aadaa hawaasaa keessatti fudhatama qabu kan namni tokko haalaafi iddo addaddaatti akka calaqqisu kan irraa eegamudha,

Seerri amala namni tokko aadaa isaa keessatti fudhatama qabu agarsiisu, amala fudhatama hinqabnerra immoo kan of quSATUDHA. Maalummaafi ibsituu namusa sirrumma qabuufi hinqabne aadaa irraa aadaatti akkasumas umrii irraa umriitti garaagarummaa qaba.

Daa'imman maatii isaaniin /guddistoota isaaniin yookiin aadaa isaaniin akka guddatan, akka dubbataniifi akka raawwatan, akka hindubbanneefi hinraawwanne, qajeelfama baratan yookiin kennameef yoo raawwatan daa'imman seera/naamusa qabeeyyii jedhamu. Daa'imman seera kan baratan maatii isaaniirraati.

### **1.1. Seera qabsiisuu jechuun maali?**

Muuxannoon akkuma beekamutti seera qabsiisuu jechuun ijoolleen maatirraa yookiin barsiisaarrraa yookiin kan birooraa adabbii qaamaa isaanirra ga'uu malu sodaachuun amala hinbarbaachifne akka dhiisan gochuu akka ta'e nibeekama. Haata'u malee kun hiika isa sirrii miti.

#### **1.1.1. Seera qabsiisuu hiikni isaa inni sirriin maali?**

Ijolleen naamusa/seera barsiisuu jechuun raawwii seeraa ykn ijolleen naamusa isaanirraa barbaadamu akka agarsiisaniiifi wanta barbaadamu akka raawwatan akkasumas wanta hinbarbaachifne akka hinraaww-anne, naamusa kanaanis itti fufinsaan akka raawwatan jaalalaan . . . . .

#### **Mariyachiisaa**

Deebii osoo hinkenniin dura hirmaattota barsisotaan kan beekamu 'seera barsiisuu' maal jechuu maali? Jechuun gaafadhaatii deebii isaanii gabateerratti barreessaa. Fakkeenyaaaf, "Daa'immni kun seera qabaachuu qaba, jecha jedhuuf "Mucaan kun rukkutamuu yookiin adabamuu qaba," hiika jedhuti kennamaaf.

Hiikni baratame kun yaada qajeelaan kan qabatame ta'ullee dogoggoradha. Hiika isa . . . . .

### **1.1.2. Daa'imman seera qabsiisuun maaliif barbaachise?**

Hubannoonaan seeraa galmi isaa inni dhumaan daa'imman amala isaanii hubachuu filannoo isaaniif itti gaafatamummaa kan fudhatan, mataa ofifi namoota biroof kabaja kan kennaniifi kaka'umsa mataa mataa isaaniin adeemsa sochii ittiin taasisanidha.

### **Mariyachiisaa**

Daa'imman seera qabsiisuun jechuun barsiisuufi fakkeenya ta'uun seera fudhatama qabuun kunuunsanii guddisuudha malee amala nuti hinbarbaanne yommuu isaan agarsiisan adabuu jechuu miti.

Daa'imman seera qabsiisuun kan danda'amu jaalalaafi obsaan, kutannoonaan leenjisanii geesisuun seeraafi dambiif akka bitaman gochuun malee adabbiin akka hintaane hubatamuun qaa.

»otii  
jaan  
nidl

taasisanii, qajeetaanooita iyuonee isaanii kennan tarkaanfii sirreessaa walitti fufiinsaan fudhataa deemanii daa'imman dandeetti mataa ofiin naamusa barsiisu gabbifatu. Hanqina naamusa daa'immanii karaan ittiin sirreessan eyyeentaa yookiin hiiementaa ta'uun danda'u.

### **1.3. Daa'imman seera bu'uura gaarii qaburratti guddisuun fayidaan argamsiisu maal fa'i?**

- amala nuti barbaannu akka horatan gargaara.
- hubannaataa mataa isaanii ittiin to'ataniifi eegan akka gabbifatan isaan gargaara.
- daa'imman mataa ofiin akka baratan, hojjataniifi kanneenis milkeessuuf yaalii taasisanif jajjabina kennaa,
- ilaalchi gaariin isaan ofiif kennan akka fooyya'u gargaara.

- maddi itti gaafatamummaa kallattiid humaan mataa isaanii ta'uu yoo hubatan hojii isaaniitti niquufu; akkasumas dandeettii jirenya isaanii ittiin hogganan nigabbifatu.

#### **1.4. Wantoota amala daa'immanirratti dhiibbaa geessisan**

Daa'imman amala addaa kan mataa isaanis qabatanii kan guddatan adeemsaanidha. Amalli daa'immanii bu'aa dhiibbaa wantoota garagaraati. Sababooni dhiibbaa geessisan daa'immanirraa, maatiirraafi, naannooraa madduu danda'u. Isaan amala nama dhuunfaa irratti dhiibbaa geessisan ijoo ta'an kanatti aansuun dhiyaatanii jiru.

##### **a) Sababoota uumamaan jiran**

###### **Mariyachiisaa**

Kutaa kana keessatti kan uumamaa jechuun hanqaquun dubartii tokkoo battaluma sanyii saaldhiiraan walquunamurraa kaasee daa'imni dhalatee namoota wajjiin walitti dhufeenyaa hawaasummaa uumuu hanga eegalutti adeemsa uumamaa nama dhuunfaarratti raawwatamudha. Adeemsi uumamaa kunniin amala daa'imaarratti dhiibba qabu. Keessumayyu sanyii hormaataafi adeemsa guddinaa sirna narviirratti rakkoo uumamuun daa'imman amala addaa agarsiisuu nimalu.

###### **Mariyachiisaa**

Maatiin amala daa'immaarratti dhiibbaa guddaa qabu. Maatiin karaa addaddaatiin waan ijoolleen isaanii raawwachuu qabaniifi raawwachu hinqabne, akkamittis raawwachuu akka qaban nibarsiisu. Maatiin ijolleen isaanii kan barsiisan seeraafi qajeelfamni kaa'aniif amala gaarii daaimmanii bocuuf gahee olaanaa qaba. Haata'u malee, guddinni seerri daa'immanii kan irratti hundaa'ufi kan ittiin hogganamu akka fakkeenyaaatti kan fudhatan maatii isaaniiti. Daa'imman qajeelfama isaaniif kennamu caalaa guyyuun maatii/guddistootarraa sochii gochaafi haasawaa ilaalaniin naamusa addaddaa baratu, Ijoolleen, akkana godhaa' jedhamee yoo itti himameefi ijolleen wanta hingadhiinaa jedhamee itti himame maatiin/guddistoonni irra deddeebi'anii kan raawwatan yoo ta'e yeroo baay'ee daa'imman amala sana qabatani haalli itti guddatan nimul'ata. Kunis kan ta'u, maatii/guddistoota isaanii fakkeenyaa godhatanii waan fudhataniifidha. Kun kan nutti agarsiisu amala gaarin daa'imman bocuuf fakkeenyummaan maatii meeshaa isa olaanaa ta'uu isaati.

### **c) Dhiibbaa naannoo**

#### **Mariyachiisaa**

Daa'imni tokko caalmaatti walitti dhufeenya kan qabaatu maatii yookiin guddistootarra hiriyaan umrii walqixaa, olla, barsiisota ykn guddistuu waliinidha. Namoonni daa'imichatti itti dhiyeenya caalmaa qaban daa'imicharratti dhiibbaa geessisuun alatti naamusa /amala daa'imaan bocuurratti gahee olaanaa qabu.

### **d) Daa'imman biroo**

#### **Mariyachiisaa**

Daa'imman biroon: daa'imman daa'imman birroo waliin (hiriyoota isaanii waliin) walitti dhufeenya yeroo dheeraa qabaniin amalli isaanii jijiiramuu yookiin fooyya'uun danda'a. Daa'imman dhiibbaa geessisuu danda'an daa'imman dhiibba geesisuu hindandeenyerratti dhiibbaa uuma.

### **e) Barsiisota**

#### **Mariyachiisaa**

Gocha barsiisotaa keessaa inni tokko naamusa daa'immanii bocuudha. Kanaafis barsiisonni

## f) Sabquunnamtii

### Mariisiisaa

Daa'imman mana keessatti yeroo dheeraadhaaf televiizyinii ilaaluun yookiin raadiyoo dhaggeeffachuuun dabarsu. Wanti isaan irra deddeebiin televiizyiniin ilaalan yookiin raadiyoon dhaggeeffatan amala isaaniirratti dhiibbaa qaba.

## 2. Maalummaa adabbii hubachuu

1. Daa'imman naamusa qabeyyii akka ta'an toftaalee maatiin itti fayyadaman maal maalfa'i?

**Mariyachiisaa:** Maatiin qabxiwwan armaan gadiirratti daqiqaa muraasaaf dhuunfaa isaaniin akka itti yaadan jajjabeessaa:

- Isin yookiin namoonni isin itti dhiyaattan ijomlee seera barsiisuuf gochoonni isaan raawwatan jechuunis mucaan keessan seera hinkabaju yoo jedhe mucicha seera qabsiisuuf tooftaalee itti fayyadamtan daqiqaa tokkoof itti yaadaa.
- Umrii ijomlummaa keessanitti maatiin keessan ijomlee seera barsiisuuf tooftaaleen itti fayyadaman maal maal akka turan daqiqaa tokkoof itti yaadaa. Jechuunis, bara isin ijomlee turtanitti ijomleen yoo seera kabajuu baatan yookiin yoo seera cabsan maatiin keessan ijomlee seera qabsiisuuf tooftaa itti fayyadaman ilaachisee.
- Hirmaattonni dhuunfaa isaaniin daqiqaa lamaaf akka itti yaadan erga gootanii booda gaaffileerratti yaada akka itti kennan jajjabeessaa. Hirmaattonni waan tokkollee osoo hindhoksiin ykn 'kana hindubbah' osoo hinjedhiin hanga danda'ametti naannoo isaaniitti waan raawwatamu ifatti akka dhiyeessan jajjabeessaa. Deebiwwan

## **Hiikaafi Ibsa**

Yeroo tokko tokko daa'imman amala maatiin isaanii fedhaniin ala ba'u. Yeroo kanas maatiin tarkaanfii sirreessaa fudhatu. Amala badaa daa'immanii sireessuuf tarkaanfiin fudhatan aadaa gara aadaatti, maatii/gudditoottarraa gara gudditootaatti garaagarummaa qaba. Aadaa keenya keessatti seensotaa seera qabsiisuu jechuun adabbiidha jedhameeti fudhatama. Daa'imni yeroo baay'ee seera cabsu, kan hinadabamiin, kan hinqunxuuxamiin' jedhama. Yeroo baay'ees 'kan dubartiin guddiste jedhamee maqaan itti kan kennamu adabuun naamusaafi seera kan qabsiisu abbaan yoo mana keessa kan hinjirre ta'uun ni beekama.

**Mariyachiisaa:** Daa'imman badaafi gaarii adda baasanii hinbeeknerratti seera/naamusa barsiisuu adabbiin walqabiisuu faayidaa hinqabu. Adabbi qamaas ta'e adabbi sammuu hubuun daa'immanitti wanti dhaga'amu dhukkubbiif saaxilamu malee dirqama isaanii bahuu waliin hubachuufis ta'e maatiin adabbi seera waliin sababni walitti hidhan isaaniif akka galuuf umriifi dandeettiin isaanii hinhayyamuuf.

a e  
aaay  
an ada

### **4.4. Aaavvuuunni maanii:**

Namoonni yommuu seera cabsaniifi amala hinbarbaachifne yommuu agarsiisan akka yakkaatti waan yaadamuuf tarkaanfiin irratti fudhatamu adabbi jedhama. Kaayyoon adabbi akkanaas namoota seeraafi dambii darban miidhuun karaa hi'eentaa ta'een amala namootaa to'achuudha. Haalli kun

gama tokkoon kanneen hamaafi gaarii adda baasanii beekaniif jechuunis osoo beekiinii ta'e jedhanii ykn maal dhibdeen kanneen dirqama isaanii hinbaane qofarratti hojjachuu danda'a.

**Mariyachiisaa:** Namoonni gaa'elaaf ga'an adabbii sadaachun badiirra akka of qusatan seeronniifi dambiiwan tooftaalee adabbii addaddaa kaa'u. Kanas ta'ee osoo jiruu namoonni yeroo baay'ee gocha hinbarbaachifne irraa akka of qusatan yoo taasise malee naamusa barbaachisu akka shaakalan kan taasisu hinta'u.

## **2.3. Adabbii gama daa'immanniin yommuu ilaalamu**

“Daa’imman naamusa qabeeyyii akka ta’an dursa adabamuu/miidhamuu qabu”. inni jedhu ilaalcha miidhaa qabudha. Wanti nama gaddisiisu garuu ilaalchi akkasii hawaasa keenya biratti bal’inaan mul’achuu isaati. Wanti qabatamaan mirkanaa’e garuu faallaa ilaalcha kanaa kan ta’e daa’imman kallatti hundaaan caalaatti bu’a qabeeyyii kan ta’an adabbiin yommuu isaan dhukkubsu osoo hintaane jaalalaafi hordoffii walirra hicinneen barsiisaa yommuu isaan beeksisnu gammachuun akka itti dhaga’amudha. Kun immoo, kallattii hundaan bu’a qabeeyyii akka ta’uu danda’an mirkanaa’adha.

## **2.4. Akaakuwwan adabbii**

Barsiifataan adabbiwwan daa’immanirrattii raawwataman isaan ijoon lamadha.

### **1. Akaakuun adabbii inni tokko arrabsoo kan of keessaa qabuufi miira kan miidhuudha.**

- Ajaja
- Jechamoota miira miidhan
- Ajajoota waa dhoowwan
- Jechamoota sodaachisoo
- Jechamoota hamilee miidhan

**Mariyachiisaa:** akaakuwwan adabbii ibsaafii. Ajaja cimaa yookiin jechamoota miira miidhan fakkeenyaaaf, “Callisii taa’i! yeroo dhibba irra deddeebi’ii barreessi! Siif jedhee yeroo koo hinballeessu!”

- Ajajoota dhowwoo ta’an: oduu kee hindhiistu taanaan fuudheen bosona keessatti sigata.”
- Jechamoota miira cabsan: “Akka obboleessa keetti barreessuuf carraa hinqabdu”, “ati duudaadha” ‘yoomuu kan siif hingalledha”, ‘kan akka kee osoo hindhalatiin hafee wayya”

- Nyaata dhowwachuu
- Hidhuu

- Gubuu
- Barbaree itti aarsuu
- Gochawwan nama ifachiisan raawwachiisuu, fakkeenyaaf bishaan joogii tokko dhugi jechuu Adabbiin (ijoollee qaamaafi miira miidhuun) mala faayida qabeessa itti fufiinsaan naamusa ittiin barsiisuu miti,

### **Mariyachiisaa:**

Sadarakaan bilchina sammuu daa'imman irra jiran akka warra gurguddootti hubachuuf waan isaan hindandeessisneef, akkasumas baay'inaan dandeettii miira isaanii ittiin to'atan waan hingabbifanneef hir'ina naamusaaf baay'ee saaxilamu. Kanaafuu, lammilee reefuu dandeettiin waa hubachuu isaanii guddachaa jiru obsaan barsiisuudha malee adabbiidhaan seera qabsiisuuf yaaluun dhumni isaa nama dhuunfaafis ta'e biyyaaf miidhaa qaba. Adabbuun lammitee nama dhuunfaafi hawaasarratti rakkoo fidan akka uumuu danda'u hirmaatotatti himaa.

## **2.5. Daa'imman adabuun rakkoo inni qaqqabsiisu**

- Daa'imman sadarkaa bilchina sammuu qabaniin adabbirraa wanti isaan hubachuu danda'an, wanta hinbarbaachifne dhaabsiisuuf nama miidhuun (adabuun) fudhatama kan qabu ta'uu isaati.
- Adabbiin ijolleen mana barnootaa keessatti jeeqxotaafi gooliiuumtota akka ta'an gochuuf ga'ee qaba.
- Adabbiin ijolleen sodaatoofi kan ofitti hinamanne yommuu godhu tokko tokko immoo lolaafi abbaa humnaa, kan mirga nama biroo hinkabajne yommuu godhu argina.
- Daa'imman guddatanis nama gadoo qabatan ta'u. Baay'achuu yakkaa, cinqiif, lolaa kaasuuf, nama biroof dhimma hinqabnee ta'u.
- Adabbiin miidhaa guddaa xiinsammuufi qaamaa hordofsiisuu danda'a.

## **2.6. Adabbi Daa'immanii Itoophiyaa Keessatti**

Itoophiyaa keessatti daa'imman qaamaafi sammuu adabuun bal'inaan kan baratamedha. Malli hi'eentaan daa'imman ittiin sirreessan kun mala daa'imman seera ittiin barsiisan akka ta'etti namoota baay'ee biratti niyaadama. Mootummaan manneen barnootaa keessatti daa'imman seera qabsiisuuf adabbiin qaamaa seeraan ala ta'uu tumullee manneen barnootaa hedduun adabbiin qaamaa ijoollee naamusa ittiin barsiisuuf akka mala tokkootti itti fayyadamaa jiru.

Adabbiin mala ijoollee ittiin naamusa barsiisan ta'ee fudhatamuun kan danda'e sababoota gurguddoo armaan gaidiitindha.

## 1. Barsiifata

### Mariyachiisaa:

Barsiifata: Namoonni hedduun adabbiin qaamaa daa'imman seera barsiisuuf mala fudhatama qabudha jedhanii yaadu. Haata'u malee, adabbichi,akkuma armaan olitti ibsametti, jirenya gara fuulduraa daa'imaarratti akkasumas hawaasarratti miidhaa yoo qaqqabsiisu argama.

## 2. Karaan ittiin sirreessan filannoon biroon jiraachuurrtti rakkoon

### hubannoo jiraachuu:

### Mariyachiisaa

Tooftaan sirreessaa filannoo biroon jiraachuu irratti rakkoon hubannoo jiraachuu: Maatii baay'een adabbi qaamaarra karaan fooyya'aafi bu'a qabeessa ta'e kan ittiin sirreessan jiraachuu isaa hinbeekan yookiin yoo beekanillee bu'a qabeessummaa filannoo biroo kana ilaachisee amantaa hinqaban. Baay'een keenya adabbiitti akka amannu kan nutaasisu adabbiin yeroodhaaf namoota badii uumuurraa akka of quasatan gochuu isaa waan arginuufidha. Daa'ima "Kana hinraawwatiin!" jedhamu tokkoon raawwatee argamnaan kaballaan, rukkutuun, yookiin adabbi qaamaa biroon yookiin sodaachisuun yoo adabne daa'imni sun

### **3. Barsiisonni/guddistoonni yookiin barsiisonni obsa dhabuu**

**Mariyachiisaa:** barsiisaan/guddisaan ykn barsiisonni obsa dhabuu.

Karaan naamusa seera ittiin qabsiisan eyyeentaa ta'e fayyadamuuf obsa baay'eefi daa'imman waliin yeroo ofii dabarsuu gaafata. Daa'imman hirmaachisuun waa'ee seeraa barsiisuun, yommuu daa'imman badii sasalphaa raawwatan akka hinagarreetti bira darbuun, hordoffii walirraa hincinne taasisuun, yommuu waa balleessanii argaman waa'ee balleessichaarratti obsaan mariyachuuniifi kkf.. kan obsa nama fixachiisan ta'uu nimalu. Gama birootiin, adabbiin (karaa hieentaa ta'een seera ittiin barsiisaan) yeroo hinfudhatu. Mucicha waliin dudubbachuun yeroo balleessuurra mucaa waa balleesse kabaluun ykn sarartuun rakkutuun calluma jechisiisuu akka filannoo salphaa tokkoo goonee fudhanna. Yeroof filannoo salphaa

### **Mariyachiisaa:**

Gabatee gurracharratti irraa gadi sararuun iddo lamatti qoodaa. Itt aansuun, walakkaa gama mirgaatti argamurratti raga rora oliitti “Mala naamusa ittiin barsiisan eeyyeentaa ta’e” akkasuuf kutaa lammaffaa fiixee olaanurratti immoo walakkaa gama bitaan roga gara oliitti “adabbii” jechuun barreessaa. Hirmaattonnis garaagarummaa isaaniirratti akka mariyatan gochuun yaadota guduufaa armaan gadii dubbisaaffi.

## **2.7. Hawaasa keenya, maatiifi barsiisota biratti fudhatama kan hinqabneefi**

**muuxannoorraa amaloota ijoollee adabbii hordofsiisan**

### **1. Waan tokko raawwachuf/argachuuf gaaffii boqonnaa hinkennine gaafachuu.**

**Mariyachiisaa:** daa’imman waggaalammafi sadaffaa isaanii keessatti waa’ee waan tokkoo irra deddeebi’anii yoo gaafatan waan baratameefi sirriidha jedhamee fudhatama. Ijoolleen umriin waggaalafur/shan fi isaa ol ta’e garuu gaaffilee akkasi yoo irra deddeebi’anii kaasan akka rakkoo naamusaa ta’eetti fudhatamee ilaalamalee akka amala sirrii/fayyaa ta’eetti fudhatamu hindanda’u.

## **2. Jeequu, waltumuu, qabeenya balleessuu/caccabsuu**

**Mariyachiisaa:** Ijoolleen daa'imman kanneen biroo isaanii gadi ta'aniifi dadhaboo ta'anirratti lola kaasufi maqaa xureessuu agarsiisuun jeequmsaaf yoo saaxilaman, qabeenya dhuunfaa isaanis ta'e kan nama biroo yoo caccabsan yookiin yoo balleessan.

## **3. Dhaggeeffachuufi xiyyeeffannoo kennuu dhabuu**

**Mariyachiisaa:** Daa'imman dhimma tokkoratti yeroo dheeraadhaaf xiyyeeffannaal itti kennanii hordofuu hindanda'an. Yeroodhuma tokkotti waan hunda ilaaluu waan fedhaniif wanta naannoo isaaniitti raawwatamuuf xiyyeeffannoo itti kennuuf nirakkatu. Haalli akkanaa kun daa'imman xixxiqqoo biratti waan baratameefi gocha sirrii ta'edha.

**Mariyachiisaa:** meeshaa/qabeenya kan mataa isaa hintaane mooksee/oliifi gadi dhahee dhoksee yoo fudhate.

## **5. Kanneen biroo kabajuu dhiisuu**

**Mariyachiisaa:** aadaan kamiyyuu kan biroof kabaja qabuu ibsuuf karaa kan mataa isaa qaba. Fakkeenyaaaf, aadaawan biyya keenya keesa jiran keessaa tokko kan ta'e yoo maqaa dhoofne, yommuu namonni gurguddoon haafa'an/dubbatan, ijoolleen haasaa jidduu seenanii dubbachuu hinqaban." Sababni isaas namoota gurguddoo sanneenif akko kebaic hinkoppinacotti godhomaa woon ilsalomuufidha

## **6. Fedhii dhabuufi dadammaquu dadhabuu**

**Mariyachiisaa:** daa'imni tokko gochawwan raawwachuu qabu raawwachuuf amala fedhiifi kaka'umsa dhabuu yoo agarsiise, fakkeenyaaf, gara mana barnootaa dhaquuf fedhii dhabuu.

## **7. Itti gaafatamummaa ofii bahuu dhabuu**

**Mariyachiisaa:** Ijooleen umrii isaanii oolmaa daa'immanii irraa kaasee akka sadarkaa guddina isaaniitti mana keessatti hirmaannaa taasisufianis mana keessatti gaheen qaba' jedhanii yaaduutu irraa eegama. Kana hinbahiin yoo hafan garuu amala sirrii hintaane agarsiisaa jiraachuu isaanii ibsa.

## **8. Itti gaafatamummaa maatiifi barsiisotaa gaaffii keessa galchuu (diduu, waan ajajaman raawwachu dhiisuuf amala addaddaa agarsiisuu.**

**Mariyachiisaa:** daa'imman umrii waggaalamaafi sadirratti argaman itti gaafatamummaa maatiifi barsiisota isaanii qoruuf amala gargaaraa yoo agarsiisan adeemsa guddinaa sirrii ta'eefi eegamu ta'ee kan fudhatamu yommuu ta'u daa'imman umriidhaan sanaa ol ta'an amala kana fakkaatu yoo agarsiisan garuu naamusa dhabuu godhameeti fudhatama.

**9. Jechoota dhekkamsuu fayyadamuu/dheekkamsaan sagalee ol kaasanii dubbachuu.**

**Mariyachiisaa:** daa'imman yeroo baay'ee kana kan baratan namoota gurguddoorraati. Yeroo tokko tokko jeequmsi sammuu daa'immanirrattis ta'e namoota gurguddoorratti naamusa/amala kana fakkaatu hordofsiisuu danda'a.

**10. Sababa quufsa tokko malee irra deddeebi'uun hojmanee hojjachuu  
dhiisuu, qorumsa kufuu.**

**Mariyachiisaa:** osoo maatiin hinbeekiiniifi hinhayyamiin sababa qabatamaa malee amalli mana barnootaarraa hafuu dabalaan yoo dhufe.

**11. daree barnootaa keessaa bahuu, gara daree barnootaa dhaquuf fedhii  
dhabuu.**

**Mariyachiisaa:**

Daa'imman waan hojjatan hunda keessatti hojii namoota gurguddoo ilaaluun isaanii hinoolu. Ijoolleen hanga tokko amala hinmalle kan agarsiisan yoo ta'e fakkeenyummaa maatii ykn nama biroo hordofuudhaan ta'uu ykn ta'uu dhiisuu maatiin mirkaneeffachuu akka irra jiraatu hirmaattotaaf ibsaa.

osoo maatiin hinbeekiiniifi hinhayyamiin sababa qabatamaa malee

## 2.8 Gudunfaa addaddummaa seeraafi adabbii maatiif /guddistootaaf

Mala seera ittiin barsiisan eeyyeenotaa	Adabbii
Naamusa sirii ta'e barsiisuu leenjisuu jechuudha.	Amala hinbarbaachifne dhiisisuuf ta'e jedhamee gidiraaf dhukkubbii akka itti dhaga'amu gochuu.
Miirri itti gaafatatumma ofumarraa akka maddu taasisa.	Daa'imman gocha /adabbii namoota biroorratti raawwatamu sodaachuun amala isaanii akka murteessan godha.
Ijoolleen akka raawwatan waan barbaannurratti xiyyeffata.	Waan daa'imman akka hin raawwanne barbaannurratti xiyyeffata.
Daa'imman dandeettii itti fufaa ta'e akka horatan taasisa.	Yeroodhaaf bu'a qabeessa fakkaata.
Walitti dhufeinya daa'immaniifi namoota gurguddoo jidduu jiru cimsa.	Walitti dhufeinya daa'immaniifi namoota gurguddoo jidduu jiru akka badu godha; walirraa fageenyiifi qaawwii akka jiraatuuf sababa ta'a.
Garaagarummaan amala uumama namummaa ta'uu isaa hubata, ga'umsa miiraa eeguufi of to'achuu barsiisa	Daa'imman mata gadi qaachiisa, miira isaanis dheekkomsaan namoota biroorratti akka ibsatan godha.
Daa'imman m/barnootaa keessatti milkaa'oo akka ta'aniif dandeettii/ ogummaa isaan barsiisa.	Daa'imman manni barnootaa isaaniif mijataa akka hintaane godhanii akka yaadan taasisa.
Daa'imman adeemsa jirenya isaanii keessatti milkaa'uu akka itti danda'an ilaachisee akka itti yaadan taasisa; daandiis itti agarsiisa.	Sadaachuufi boquu gadi qabchuun kufaatiifi milkaa'uu dhabuu akka yaadan isaan taasisa, gara mirga namaa sarbuufi humnaan jiraachuutti isaan geessa.
Daa'imman kufaatiif ofiirraa kan baratan, barbaachisummaa hojii hojjataniitti kan amanan, namoota biroo gargaaruuf kan fedhan isaan, taasisa. Daa'imman naamusa akkasii qabanis kanneen biroos murtee akka irraa quoddatan	Daa'imman akka of shakkan, leeyyoon akka itti dhaga'amuufi boquu akka gadi qabataniif ka'umsa ta'a. Miira akkasii kanas keessa ofiitti ukkaamsanii akka qabatan isaan taasisa.

nitaasisu.	
Daa'imman miira barbaadamummaafi itti gaafatamummaa akka qabaatan isaan taasisa.	Daa'imman walta'iinsaaf bakka kan hinkennine naamusa badaa kan akka dheekkamso ofi haaloo ba'uu keessa isaaniitti qabatanii akka guddatanifi ka'umsa ta'a.
Daa'imman bu'uuruma wanta gaarii namoota gurguddoorraa argataniin mataa isaanii fooyyessuuf akka kaka'an isaan taasisa.	Daa'imman waan argan tokkoof ta'anii argamuu osoo hintaane fedhii waafakkeessuu akka gabbifatan taasisa.

### **3. Maloota seera ittin barsiisan eeyyeentaafi hi'eentaa ta'an**

Karaalee naamusa/seera ittin barsiisan kanneen eeyyeentaafi hi'eentaa ta'an jedhamanii ramdamu.

#### **2.1. Kanneen hi'eentaa ta'an**

Karaan sirreessaa amalaan hi'eentaa ta'e kan ittiin ifu daa'imman amala hinbarbaachifne akka hinagarsiisne yookiin irra deebi'anii akka hinraawwanne jechuun daa'imman sanneen qaama ykn miira ykn lamaan isaanii miidhuudha.

#### **Mariyachiisaa:**

Malli kun miidhaa qaamaa, miiraa ykn lachuu qaqqabsiisa. Haata'u malee, daa'imman kun adabbiidhaan booda jijiirama barbaadamu fiduu isaaniif mirkanoeffannaan hinkennamu. Daa'imman balleessaa kan hinuumnee adabbi sodaataniiti malee fedhiifi eeyyama isaaniin miti. Yeroo hedduu daa'imman mala amala sirreessaa hi'eentaa ta'e kana boodaan amala badaa ta'e gabbifachaa deemu.

Karaaleen amala sirreessaa hi'eentaa ta'an armaan gadii Itoophiyaa keessatti bal'inaan argamu:

Kanneen miidhaa sammuu dhaqqabsiisan:

- Daa'imman arrabsuu ykn maqaa badaa birootiin waamuu
- Daa'imman kan waa hinfayyadne ykn daa'imman birootiin gadi akka ta'an godhanii qeequu.
- Yommuu daa'imman gaaffii gaafatan deebii itti himuu dhiisuu ykn waan isaan gaafatan dafanii deebii itti himuu dhiisuun dheeressuu.
- Daa'imman yeroo dheeraadhaaf haala sodaachisaa ta'e keessatti qofaa isaanii dhiisuu (**fkn kutaa dukkanaa'aa, halkan manaa baasuu**). Kanneen qaamaafi sammuurratti miidhaa dhaqqabsisa.
- Daa'imarratti miidhaa qaamaa garaagaraa dhaqqabsiisuu (fkn barcuma daa'imman irra taa'an harkaan rukkutuun, kabaluu, qunxuuxuun, uleedhaan reebuudhaan)
- Iddoo quqquuqaa qaburra jilbeenfachiisuun miidhuu.
- Sochii qaamaa baay'ee miidhaa qabu hojjachiisuun dadhabsiisuu.
- Soorata dhowwachuun beelaan akka hubaman taasisuu.

Malleen faayidaa hinqabneen (eeyyeentaa hintaane) kunniin yeroodhaaf bu'a qabeeyyii yoo fakkaataniilee yeroo dheeraa keessatti garuu miidhaa addaddaa qaqqabsiisu. Malli adabbii kunniin daa'imman gocha akka isaan hinraawwanne barbaadamu irraa yeroo muraasaaf akka fagaatan taasisa malee booda garuu gochuma sana deebi'anii yommuu raawwatan argamu.

### **Marsiisaa:**

Daa'imman hammuma namoonni miidhaa geessisaniin sodaatan naannoo isaanii jiraatan qofaaf gochoota sirrii hintaane raawwachuurraa of qusatu. Namni isaan sodaatan, kan isaan rakutu/adabu naannoo sanarrraa xiqqoo yoo fagaate garuu amala hinbaarchifne agarsiisu.

Hawaasarratti rakkoo kan uumu ta'uu naannoo garagaraatti mul'atee jira.

### **Mariyachiisaa:**

Namoonni mala amala sirreessaa hi'eentaa ta'een guddatan kan ofitti hin amanneefi kan boquu gadi qabatan ta'anii argamaniiru. Gama birootiin, namoonni mala adabbii akkasiitiin guddatan namoota biroo waliin waan waliif hingalle irratti humnaan fayyadamuu akka falaatti fayyadamuuf kan ariifatan ta'anii argamanii jiru. Amala badaa daa'immaniif akka sababaatti kanneen eeraman keessaa karaan amala sirreessa hi'eentaa isa tokkodha.

### **3.2. Maloota amala sirreessaa bu'a qabeeyyii (eeyyee) ta'an**

Malli eeyyeentaa ta'e kun daa'imman ganamumarraa seera akka baran jaalalaan mariisisuu of keessatti hammata.

Malleen eeyyeentaa ta'an daa'imman ofiin akka of sirreessan kan gargaaran yommuu ta'u malleen hi'eentaa ta'an immoo fedhiidhaan ofiin akka of sirreessaniif ykn naamusni barbaachisaa ta'e daa'ima keessatti akka horatamuuf hinfayyadu. Kanaafuu, maatiin guddistoonni daa'imman sirreessuuf karaa isa kamtu bu'a qabeessa akka ta'e adda baasanii beekuufi isatti fayyadamutu irra jiraata.

Karaaleen eeyyeentaa ta'an kunniin kaayyoo qabu. Innis, daa'imman adabbii qaamaafi sammuutiin dhukkubbiin osoo irra gahiin barbaachisummaa seeraa hubachuudhaan seera akka kabajan gochuudha.

#### **Mariyachiisaa:**

Maatiin/guddistoonni karaalee amala sirreessaa eeyyeentaa ta'an fayyadaman toftaalee kanaatti akka dhimma ba'an hirmaattota gaafadhaatii deebii isaa gabatee gurraacharratti barreessaa. Deebii hirmaattonni kennanis ibsa armaan gaditti kenname waliin walbira qabanii akka ilaalan hubachiisaa.

Maatiin/guddistoonni maloota amala sirreessaa eeyyeentaa ta'anitti fayyadaman wantoota armaan gadii raawwatu.

- Daa'ima waliin maalummaa naamusaafi naamusa dhabuun miidhaa inni qaqqabsiisurratti nimariyat. Sadarkaan bilchina sammuu daa'immanii dafanii waa qabachuuf akka isaan dandeessisuu nihubatu. Kanarraa ka'uudhaanis obsaan nibarsiisu.
  - Miseensota maatii (daa'imman dabalatee) nikabaju, nijaallatus.
  - Haala oolmaafi bultii daa'immanii itti dhiyeenyaan hordofu, daa'imman eessa akka oolan, eenyufaa waliin maal akka hojjataa oolan, wanta mishaaffi rakkoo isaan mudate nihordofu.
  - Amala ijolleefi namoota gurguddoo ijolleee isaanii waliin walitti dhufeenya qabanii sirriitti beeku kana gochuudhaanis, ijolleefi namoota biroo rakkoo namuusaa qaban amala ijolleee isaanii gara hinbarbaachifnetti akka hindabsineef tarkaanfii ittisuu nifudhatu.
  - Maatiin mataa isaaniitiin seera kabajuudhaan ijollees naamusa akkasii gochaan barsiisu; yoo akkas ta'e ijolleen waan maatiirraa dhaga'an caalaatti gocha/amala maatii isaan barsiisuun ofummaa isaanii nibocu.
  - Miseensa maatii seera hinkabajnerratti tarkaanfii irratti fudhatamuu qabu daa'imman waliin murteessu. Haala kanaan, daa'imman seera baasuufi adeemsa murtii akka itti dhaga'amu godhu. Malli amala sirreessaa eeyyeentaa ta'e kun daa'imman yoo badis raawwatan tarkaanfii irratti fudhatamuu malu gamanumaan akka beekaniifi badiirraa akka of qustan, barbaachisaa ta'ee yoo argame tartkaanfii irratti fudhatamu fedhiidhaan akka fudhatan akkasumas yakka raawwatamerratti murtii fudhatamu beekumsaafi itti gaafatatumummaan hirmattota akka ta'an godha.
  - Karaa amala sirreessaa eeyyeentaa ta'een maatiin filannoo ijolleee isaanii nikabau. Haata'u malee, daa'imman naamusa barbaachisaa ta'e akka gonfatan qajeelfama nikennu; osoo addaan hinkutiinis hordoffii nitaasisu.
- ☞ Karaan amala sirreessaa eeyyeentaa ta'e kun bu'a qabeessa kan ta'u maatiin daa'immanif jaalala waan kennaniifi osoo addaan hinkutiin hordoffiifi qajeelfama sirrii waan kennaniifidha.

### Mariyachiisaa:

Ibsitoowwan maatii garii armaan gadii (daa'imni naamusa gaarii akka qabaatu maatii tattaafatu) qabxiwwan isaan raawwachuu qaban eeraafii.

1. “Walitti dhufeenyi ani maatii koo waliin qabu mishaa?” jedhee mataa ofii gaafata. Maatiin ijolleee isaa waliin walitti dhufeenya gaarii qabu wayita

### **3.3. Shaakala Gochaa**

#### **Mariyachiisaa:**

Gaaffilee armaan gadii deebisuuf qabxiwwan lamaan kanatti aananii jiranirratti daqiiqaa muraasaaf akka itti yaadan jajjabeessaa.

- Ijoollee keessan seera qabsiisuuf wantoonni isin raawwattan maalfaa akka ta'an mee yaadaa.
- Bara ijoollummaa keessaniitti seera/naamusa akka qabaattaniif maatiifi ollaan keessan maloонни isaan itti fayyadamaa turan maalfaadha?

Hirmaattonni muraasni gaaffiiwwan dhiyaatan irratti yaada isaanii akka kennan jajjabeessuu. Deebiiwwan isaan kennan waraqaa qophaa'erratti akkaataa walfakkaanyaa isaaqtiin romaduum horroossees

### **Mariyachiisaa:**

Hirmaattonni seenaa kanatti aansee dhiyaatu dhaggeeffachuun akka filannootti kanneen dhiyaatan keessaa kanneen eeyyeentaa ta'an akka filatan taasisaa. Deebiin isaan kennan sababa wajjiin dhiyaachuutu irra jiraata.

### **Seenaa tokkoffaa**

Umriin ishee wagga torba kan ta'e, Magartuun, laaqana ishee daftee daftee (ariitiin) nyaatte taphaaf fiigdee baate. Harmeen Magartuu yommuu gara manatti ol seentu harca'aan nyaata bakka maratti bibittinna'ee jira. Harmeen Magartuus waan akkasii gonkuma hinjallattu. Kanaan dura, meehsa itti nyaatte akka kaastu minjaala nyaataa akka qulqulleessituufi nyaata lafarratti harca'an akka haruu qabdu Magartuutti himtee turte.

Haati Magartuu filannoowwan armaan gadii keessaa isa kamitti yoo fayyadamte caalaatti eeyyeentaa ta'a?

- a. “Ati yeroo mara baraaxaftuudha; erga soorattee booda minjaala qulqulleessuuf dhimma hinqabdu; obboleessi kee inni quxusuunille sirra wayya,” jechuun aariin Magartuutti dubbachuu.
- b. “Magartu! ati dhimma hinqabneedha; har'aa jalqabdee minjaalarratti hinsoorattu.” jechuu.

- c. Harka Magartuu qabuun qunxuuxaa, “Erga soorata nyaattee booda minjaala qulqulleessi jedhee sitti himee hinturree? Lammaffaa akkas nigootaa? Maaf naamusa dhabde ati?” jechuu.
- d. “Magartu, mee ka’iitii minjaalaafi lafa kana ilaali. Wayita soorattutti nyaatni lafarratti harca’u akkam akka inni fokkisu ilaali. Akkuma yeroo darbe mariyannetti minjaalaafi lafa kana akka qulqulleessitun barbaada,” jechuun dubbachuu,

## **Seenaa Lammaffaa**

Tolaan mucaa umriin waggaajahaati. Gaaf tokko abbaan Tolaan mucaan isaanii kun utuu inni karaarra dhaabbatee namoota arrabsuu dhaga’an. Abbaan Tolaan dubbii jibbisiisaa ilma isaanii kanatti baay’ee gaddan. Tolaan kanaan duras hojii kashilabrummaa akkasii akka hinraawwanne irra deddeebi’amee itti himamee ture. Yeroo darbee Tolaan olla waan arrabseef, akka irraa dhowwan itti himamee ture. Abbaan Tolaas wayita sanatti sirritti akeekkachiisa Tolaaf kennee ture. Kana booda, hojii akkasii yoo raawwatee argame tarkaanfii cimaan akka irratti fudhatamu malu itti himee ture. Kanaafuu, Tolaan hojii kashilabrummaa isaa kana dhiisuu waan hindandeenyeef tarkaanfii fudhaachuuf murteessan.

Abbaan Tolaan tarkaanfiwwan armaan gadii keessaa kam yoo fudhatan mala sirreessaa amalaa eeyyeentaa ta’uu danda’a?

- a. Hanga galgalaa’utti eeguun bakka miseensonni maatii walitti qabamanii jiranitti Tolaan reebuu.
- b. Lafa baay’ee quqquuqaa fuuldura mana isaanii jirurratti Tolaan daqiqaa soddomaaf jilbeenfachisuun kana booda yoo kana itti deebi’u ta’e yeroo soddoma reebuuf akeekkachiisuu.
- c. Tolaan waamuudhaan wanta amma raawwateefi amala akkasii kana irra deddeebi’ee waan agarsiiseef abbaan isaa baay’ee itti mufachuu isaa Tolaatti himuu.

Itti aansuun, balleessichi waan irra deddeebi’ameef akka of sirreessuuf tarkaanfin kan irratti fudhatamu ta’uu itti himuu. “Tola, amma yeroo ati nama arrabsitu dhaga’een baay’ee gadde. Yeroo darbee namoota olla jiran arrabsinaan lammata akka itti hindeebine sitti himamen ture. Kanaafuu, Sambata Xiqqaa boruu yommuu obbolaan kee sagantaa taphaaf gara dirree deeman ati garuu gara dirree dhaqxee taphachuun hafee mana turta. Maarree qofaa kee mana keessa

taa'iitii arrabsoo badaan ati baastu akka nama miidhuufi amala kee badaa kana akkamitti akka dhiisuu qabdu itti yaadi.

- d. Haati Tolaa Tolaaf laaqana akka hinkennine itti himuu.

## Seenaa Sadaffaa

Umrii waggaan torbaan kan ta'e Abdiin dhimma sababni isaa hinbeekamneen aaree gara mana isaa dhufe. Obboleettiin isaa isheen hangafni isa sossobuuf yoo yaaltullee diduudhaan manaa bahee gara boroo duubaa dhaqe. Ammas obboleettin isaa shaayii dhaqatteefii sossobuuf yaalte. Ta'uus Abdiin qodaa shaayii harkaa fuudhee darbatee caccabse. Yommuu kun hundi ta'u haati isaa ni ilaalti turte. Obboleettiin isaa isheen hangafnis rifattee, "Harmeen maaluma jetti laata?" jette.

Haati Abdii gocha Abdiin raawwatetti baay'ee mufatte. Abdiin naamusa /seera qabachuu qaba jedhanii tarkaanfii fudhachuuf qophaa'aniiru. Kanaafuu, Abdiirratti tarkaanfii sirreessaa eeyyeentaa ta'e fudhatan kan jennu kanneen armaan gadii keessaa kam yoo fayyadamanidha?

- Abdiin aarii isaarraa hanga bayyanatutti eeguun maaliif akka aariin guutame gaafachuu, wanti inni raawwate sirrii ykn sirrii ta'uu baachuu isaa mariyachuu, akkasumas wanta raawwateef tarkaanfinn akkamii akka fudhatamu waliin dudubbachuu.
- "Ati gurbaa rakkisaafi balleessaa qabudha. "jechuun dubbachuu.
- "obboleetti kee hangafa taaterratti maaliif waan akkasii raawwatta? Waa'ee qodaaf dhimma hinqabdu. Rakkina guddaan maallaqa itti baafnee akka bitaa jirru hinbeektuu? Eggadhu abbaan kee siif dhufaati. Innuu afurtama si toma!
- Kanaan booda torbaan tokkoof mana kana keessatti shaayii kan jedhamu ijaan hinagartu.

Himaattonni gaaffilee dhiyaatanirratti yaada kennuu qabu. Waa'ee maloota amala sirreessaa eeyyeentaa fi hi'eentaa t'an ilaachisee yaadota yaadannoo haala mijeessaarratti dhiyaatan bu'uura godhachuun beeksisuun sirrii ta'a. Karaaleen amala sirreessaa armaan olitti tarreeffaman hi'eentaa kan ta'aniidha sababni jedhaman maal akka ta'e ibsuun barbaachisaadha.

### Mariyachiisaa:

Seenaa isa tokkofaaf mali eeyyeentaa ta'e

- d. "Magaru mee ka'iitii minjaalaafi lafa kan ilaali. Yommu soorattutti nyaanni  
Inforratti horoo'u okkom olka inni falkisu ilooli. Akkuma yeroo derbo marivappotti

## **Mariyachiisaa:**

Seenaa isa lammaffaaf mali eeyyeentaa ta'e.

c. Tolaa waamuudhaan wanta amma raawwateefi amala akkasii kana irra deddeebi'ee waan agarsiiseef abbaan isaa baay'ee itti mufachuu isaa Tolaatti himuu. Itti aansuun, balleessichi waan irra deddeebi'ameef akka of sirreessuuf tarkaanfin kan irratti fudhatamu ta'uu itti himuu. "Tola, amma yeroo ati nama arrabsitu dhaga'een baay'ee gadde. Yeroo darbes namoota olla jiran arrabsinaan lammata akka itti hindeebine sitti himamee ture. Kanaafuu, Sambata Xiqqaa boruu yommuu obbolaan kee sagantaa taphaaf gara dirree deeman ati garuu gara dirree dhaqxee taphachuun hafee mana keestabduutaa. Marisa qofaahaa mana keessati ta'jittii amalostanakka namin argashitne akkgnafaku, wanna iidihiif wale kicibadaa kan arrakkamittbachuu dhiistum qabduuchtiu, yaadikkasumas wanta raawwateef tarkaanfin akkamii akka fudhatamuu qabu waliin dudubbachu.

Seenaa isa sadaffaaf, mala eeyyeentaa ta'e.

Karaa

Jalqabarratti seerri eeyyeentaa ta'e miira ofitti amanamummaa daa'immanii guddisa. Jaalala barachu umrii guutuu akka qabaatan kan fedhu ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

- Karaa eeyyeentaa ta'een seera barsiisuun daa'imman wanta tokko fedhii guutuufi kutannoodhaan akka raawwatan
  - a. Nikakaasa
  - b. Nijajjabeessa
  - c. Nitumsa
  - d. Jaalala daa'imman barumsaaf qaban niguddisa
  - e. Amala gaariin ofsirreesuuf nigargaara.
  - f. Miira ofitti amanamummaafi ga'umsa nicimsa.

#### **4. Maatiin yookiin guddistoonni haala kamiin daa'imman karaa**

##### **eyyeentaa ta'een amala gaarii barsiisuu danda'u?**

Daa'imman amala gaarii barsiisuuf karaalee eeyyeentaa ta'an hedduun nijiru. Daa'imman amala gaarii barsiisuuf guddina sammuufi umrii isaanii hubanna keessa galchuun baay'ee murteessaadha. Daa'imman naamusni isaanii bu'aa inni hordofsiisu hubachuuf bilchina hinqaban. Maloonti armaan gadii naamusgaarii ittiin barsiisuuf eeruuf kan dhiyaatanidha.

1. **Yaada jijiirsisuu:** daa'imman xixinnoo wantoota miidhaa geessisanjiin taphatan yookiin daa'imman wal lolan taphoota xiyyeffannoo isaanii jijiiruu danda'an kennuudhaan yookiin waan biroo itti agarsiisuun wanta isaan jalqaban addaan kutuun nidanda'ama. Daa'imman gurguddoo ta'an waliin immoo mariyachuun yaada jijiirsisuu.
2. **Balleessaa duubatti dhiisuu:** badiiwan xixiqqoof xiyyeffannoo keenuu dhiisuu
3. **Naannicha mijataa gochuu:** naannoo daa'imman taphatanraa wantoota tokko tokko fageessuun daa'imman akka bira hingene godha. Sa'atii soorataafi hirribaa murteessuun naannoo mijeessuuf nigargaara. Qajeelfamoota mana keessatti raawwatanaman daa'imman maal, yoomiifi akkamitti akka raawwatan akka beekan gochuun baay'ee faayidaa qaba. Fakkeenyaaaf, mana keessatti kubbaa taphachuun dhowwaa ta'uu, yommuu tapha raawwatan meeshaalee taphaa walitti qabuu akka qaban, soorata dura wantoota shukkaara'oo fedhii nyataa hir'isan nyaachuun sirrii akka hintaane beeksisuun nibarbaachisa.

4. **Daa'imman osoo hintaane haalota to'achuu:** Daa'imman mirga asiifi achi fiiguu qaqqabuufi tuttuuquu qabaachuu irra jiraata. Dandeettiin qaqqabuufi tuttuuquu guddina saffisiisa. Daa'imman akka hinfiigne, akka gadi taa'an, akka hinutaalle yookiin barcumaafi minjaalarra akka hinbaane dhowwuu caalaa kutaa yookiin bakka keessa sosocho'an qopheessuun barbaachisaadha. Daa'immaniif iddoon taphaa mooraan yookiin kutaan mijataan yoo hinjiraanne eegumsa maatii jalatti haalli isaan bilisummaan itti socho'an sagantaan qophaa'uun dirqama. (fkn: manaan alatti iddoowwan bashannanaa)
5. **Adeemsa qajeelfamaafi seera baasuu keessatti daa'imman hirmaachisuu:** daa'imman hojiwwan mana keessaa ykn alaa kan umrii isaaniin walgiturratti hirmaachisuun sirrii ta'a. Daa'imman umriin isaanii waggaa sadifi isaa ol ta'e itti gaafatamummaan yoo kennameef mataa isaaniif tilmaama gaarii akka kennaniifi miirri barbaadamummaa akka itti dhaga'amu gargaara.
6. **Daa'immaniif yeroo kennuu**

Guyyuu daa'immaniif yeroo kennun durdurii addaddaa itti himuu, seenaa dubbisuufi, taphachiisuun walitti dhufeenya gaarii uumuuf gargaara. Haalli kun hanqinoota baay'ee ittiin sirreessuufi deeggarsafi hordoffii ga'aa taasisuuf gargaara.

## **7. Daa'imman karaa fedha isaaniin akka deeman hayyamuu**

Yeroo tokko tokko maatiin to'anna laaffisuun daa'imman karaa mataa isaaniin akka deeman hayyamuufii qabu. Daa'imman sararaan ala akka hinbaane eegun barbaachisaa ta'ullee dhowwaan daangaa darbe garuu daa'imman kan ofitti hinamanneefi fayya qabeeyyii akka hintaane godha.

## **8. Walfakkeenyummaa odeeffannoo**

Yeroo mara daa'immaniif ergaa walfakkaatuufi kan walitti hinbuune ga'uufii qabu. Fakkeenyaaaf, miseensa maatii tokkoo keessatti wanti baay'ee dhowwamu tokko, miseensa maatii kanaa biroof immoo kan jajjabeeffamu yoo ta'e, daa'immaniif jeequmsa kan uumu ta'a. Bifa wal fakkaatuun, mana barnootaa keessatti ijomleen akka raawwataniif kan barsiisonni jajjabeessan mana keessatti maatiin kan dhowwu yoo ta'e sammuu daa'immanii keessatti jeequmsa kan uumu ta'a.

Kanaafuu, eessattis ta'e yoom dhimma tokko ilaachisee ergaan daa'imman bir a ga'u walfakkaataa akka ta'u maatiin kan isaan ilaallatu haasofsiisuun mirkaneeffachuu qabu. Akkasumas, qajeelfamniifi malli seera ittiin qabsiisan kan barsiisotaafi maatii yoo wal hinfakkaanne daa'imman seeraaf xiyyeeffannoo kennuuf nirakkatu.

## **9. Seera kabajuu daa'immaniif maatiin beekamtii kennuuf qabu:**

Maatiin naamusa/seera kabajuu daa'immanii adda baasuudhaan beekamtii kennuun isaanii (Mucicha jajjabeessuun, dhungachuun, hammachuun, galatoomfachuu, daa'imman seera kabajaa jiran sana akka itti fufan isaan gargaara.

## **10. Qoqqobpii kaa'uu**

Miidhaa daa'immanirra yookiin qabeenyarra ga'u dhowwuuf/ittisuuf daa'imman naannoo tokkorraa akka fagaatan yookiin gochawwan garagaraa akka hinraawwanne gochuun nidanda'ama. Yeroon ittisaa sun baay'ee dheeraa ta'ee daa'imman maalummaa rakkinchaa akka hindaganne ofeeggannoон nibarbaachisa. Fakkeenyaaaf, mucaa wagga sadiif daqiqaa sadii, mucaa wagga afuriif daqiqaa afuriif naannoo irraa akka siqan gochuun ittisa/dhowwa kaa'uun nidanda'ama.

- Daa'imman wagga sadii gadi jiraniif malli kun hinhojjatu. Sababni isaas, kaayyoo ittisichaa hubachuu waan hindandeenyefidha.
- Malli sirreessaa kun raawwatamaa kan ta'u daa'imni amala hinbarbaadamne irra deddeebi'ee yoo agarsiisedha. Dabalataanis, malli kun hojiirra ooluun dura waa'een ittisichaa daa'imaaf irra deddeebi'amee itti himamuufi itti waliigaluu, akka of eeggatan godhamuu qaba. Fakkeenyaaaf, daa'imichi sababa kamiinuu haata'u irra deddeebi'ee amaloota armaan gadii kan agarsiisu yoo ta'e
  - Meeshaa caccabsuu
  - Ofiifi daa'imman biroo miidhuufi gocha akkasiirraa of quachuuuf eeyyamamaa yoo ta'uu baate
  - Yommuu maatiin/barsiisonni mariyatan ykn hojii hojjatan irra deddeebi'uun jeequun hojii dhawwuufi kkf yommuu mudatu hojiirra oolchuu nidanda'ama. Daa'immanis mala kana ilaachisee hubannoo akka qabaatan umrii wagga lamaafi walakkaarraa kaasee mariisisuun barbachisaadha.

## **11. Balaawan jiran hubachiisuu**

Daa'imman gocha raawwataniif itti gaafatamummaa akka fudhatan gochi isaanii balaa inni hordofsiisuu malu hubachiisuun barbaacisaadha.

## **12. Maatiin wanta ijoolleen isaanii akka hinraawwanne barsiisan ofiis gochicha raawwachuu dhiisuun fakkeenya ta'uu qabu.**

Daa'imman waan warraafi maatii isaaniirraa dhaga'aniifi argan waan raawwataniif, akkasumas daa'imman waan dhaga'an caalaa waan ijaan argan qabachuun waan isaanitti toluuf maatiin waan ijoollee isaanii ajajan ofiis raawwachuu qabu.

## **13. Qorumsa fageessuu**

Wantoota daa'imman akka hintuttuqne barbaannu naannoo isaaniirraa fageessuun 'hintuqiin!' dhiisi! jechurra baay'ee filatamaadha. Daa'imman wantoota naannoo isaaniitti argaman beekuuf fedhii waan qabaniif tuttuquun barachuuf yaaluun isaanii baay'ee gaariidha. Kanaafuu, daa'imaan 'hintuqiin!' jechuun amala gaarii kana daangessuudha.

## **5. Eegaawan fuutuu ta'an**

### **Mariyachiisaa**

Hirmaattotaaf ergaawan furtuu kanneen dubbisaafii

- Daa'imman naamusa qabeeyyii ta'an jechuun amala maatiin irraa eegu mul'isan jechuudha,
- Daa'imman karaalee amala sirreessaa eeyyeentaa ta'een guddisuuf maatiin guyyaa muraasaaf osoo hintaane nuffii malee yeroo dheeraadhaaf yaalii taasisaniin bu'aa galmeessisuu nidanda'u.
- Maatiin haalota addaddaa keessatti daa'imman maal gochuu akka qabaniifi gochuu akka hinqabne itti himuurra darbee gochaan agarsiisuudhaan fakkeenya ta'uutu irraa eegama.
- Daa'imman naamusa irraa barbaadamu mul'isuu ykn raawwachuu yoo hindandeenye maloota amala sirreessaa eeyyeentaa ta'een sirreessuun irra jiraata
- Daa'imman mala adabbii qaamaanis ta'e bifaa miira isaanii miidhuun kan adabnu yoo ta'e yeroo dheeraa keessatti jireenya isaaniirratti dhiibbaa hamaa geessisuu nidanda'a.

- Adabbiin daa'imman sababa sodaataniif gocha sirrii hintaane akka hinraawwanne taasisuu nidanda'a. Haata'u malee, wayita namni isaan sodaachisu hinjirretti gara gocha hinbarbaadamneetti seenuuuf carraa isaan qaban bal'aadha.
- Galmi inni ijoon seera/naamusa barsiisuu ta'uu kan qabu daa'imman gocha hawaasa biratti fudhatama qaban fedhii isaaniin akka raawwatan dandeessisuu, akkasumas guddinaafi ofitti amanamummaa daa'immanii ol guddisuudha.
- Malli eeyyeentaa ta'e daa'imman sodaafi mataa gadiqabachuun osoo hintaane fedhiidhaan gocha sirrii ta'e akka raawwatan godha.
- Adabbiin bu'a qabeessa/eeyyeentaa/ kan ta'u sababa adabbiitiin dhukkubbiin qaama daa'imarra kan hingeenyeefi miidhaa kan hinuumne, yookiin miidhaa sammuu kan hinhordeesiisne yoo ta'edha. Dabalataanis, adaabbiin bu'a qabeessa kan ta'u daa'imni barbaachisummaa sirreessaarratti haalaan akka irratti qophaa'an godhamuufi amala hinbadaachifne mul'isaniif adabbiin akka barbaachisu isaanumti yoo irratti waliif galaniiru ta'edha.
- Karaan hi'eentaa ta'e hamaa ta'uu isaarraa kan ka'e daa'imman caalmaatti finciltoota akka ta'anif dhiibbaa geessisa.
- Maatiin mala eeyyeentaa ta'etti fayyadamu gara adabuutti/adabbiitti) carraan itti deemu baay'ee dhiphaadha.